

**Waan Garaa fi Waan Karaa: Xiinxala Gahee<sub>1</sub> Shaakalaa Makmaaksi Barnoota Afoola Oromoo Keessatti Qabuu: Barannoo<sub>2</sub> Sadarkaa Yuunivarsiitiiratti Kan Xiyyeeffate**

**Indaaluu Fufaa (PhD)**, Yuunivarsiitii Arsii, Kolleejjii Barumsaafi

*Qorannoo Toora Yaadqalbi, Muummee Sirna Barnootaafi Gabbina*

*Ogummaa Barsiisummaa,*

*Email: [endalewkufi@yahoo.com](mailto:endalewkufi@yahoo.com) ; [enkufi@gmail.com](mailto:enkufi@gmail.com)*

**Qaasim Kimoo (PhD)**, Yuunivarsiitii Arsii, Kolleejjii Barumsaafi

*Toora Yaadqalbi, Muummee Saayikoloojii*

**Axereeraa<sub>3</sub>**

Hawaasi Oromoo afoola bifa sheekkoo, makmaaksa, durii-durii fi tapha bifa garaa-garaa qaba. Adeemsa baruu-barsiisuu keessatillee, afoolli bakka fi gahee akka qabu hubatamaa dha. Adeemsi wayyabni guutummaa kan calaqqisiisu yoo ta'ellee, ce'umsi fi waliin deemsi dubbiiirraa gara barreeffamaa, akkasumas dagaaginni gargaaramni Afoola Oromoo barnoota keessatti qabu, hanga eegame deemeera jechuun hin danda'amu. Bu'uura kanaan, qorannoon kun, barannoo og-afoolaa sadarkaa yunivarsiitiitti kennamu keessatti, gahee makmaaksi qabu xiinxaluudhaan bal'ina, gad-fageenyaafi cimina isaa ifatti baasuudhaaf hojjetame. Qubsumni isaas, haala dhi'eenyaan ka'ee, Yuunivarsiitii Arsii, Muummee Afaanifi Ogbarruu Oromoo ta'e. Ijoon qorannichaa adeemsaafi gahee shaakala Makmaaksa Oromoo yeroo ta'u, saxaxi qorannichaa, sakkatta'a bifa addeessaa ture. Ragaaleen qorannoo kanaaf oolan, bifa calaqqee muuxannoo dalagaarraatiin kanneen dhiyaatan turan. Maddeenis, barattootaa fi barsiisota yeroo ta'an, meeshaaleen rag-guurtuun bargaaffii (Questionnaire) fi afgaaffi gamtokkee (semi-structured interview) turan. Ka'umsa kanaan, xiinxalli muuxannoo barsiisotaafi barattootaa; akkasumas, calaqqee argannoolee duree qabatee geggeeffame. Argannooleen akka mul'isanittis, gaheen makmaaksi barannoo keessatti ittiin shaakalamu murtaawaa fi irra-caalaa maalummaatiin malee, ergaa qabuun akka gad-fagaateefi duraa-duuba yaadaatiin hin dhiyaatin mul'atee jira. Shaakalli irra-caalaan, hojii dareerratti kan bu'urawe ta'ee, dhiibbaa makmaaksi hubee aadaafi xiinxala taatee jiruurratti qabu baay'ee gad-aanaa ture. Barattooti, makmaaksa barachuurraan, makmaaksarraa barachuu; achirraas, makmaaksaan barachuuf haalli itti yaadamee qindaa'e akka bal'inaan hin jirres hubatameera. Kunis, gahee walii-galaa makmaaksi akka koobaa dubbiitti qabu, daangessee jira.

Tuqata Ijoo: Gahee, Afoola, Makmaaksa, Barumsa, Afaan Oromoo

\*1: Gahee kan jedhu bakka yookaan qooda kan jedhuuf akka gitaatti haa hubatamu;

\*2: Barannoo kan jedhu, Afaan Ingiliziitiin “Lesson” ka jedhamuuf gita ta’ee haa hubatamu

\*3: Axereeraa jechuurra, kun walxaxaa jechuun gitaa, dhamdhama utuu jedhamee naaf sifa qaba.

## **Analysis on Composition and Practices of Proverbs in Teaching Oral Literature: Reflection on Experiences in Afan Oromo at Higher Education\*<sub>1</sub>**

Endalew Fufa Kufi (Ph.D.)

Mobile Phone: +251942622834

Email: [endalewkufi@yahoo.com](mailto:endalewkufi@yahoo.com)

College of Education and Behavioral Science

Arsi University

### **Abstract**

Oromo Language (Afaan Oromoo) holds different forms of folk literature that have mostly been used in the oral exchanges. With the advent of the language as a medium of instruction, remarkable development has been observed in providing lessons on Oromo oral literature which includes tales, riddles, proverbs, plays and idioms. Further progresses have also been in place in making the language a specialty area across universities. Accordingly, Afan Oromo is provided as an area of study in selected universities. However, the extent to which different Oromo oral literary styles, more specifically proverbs, are taught with due attention to learning proverbs, learning from and with proverbs remains to be a pivotal issue worth studying. Hence, this research dealt with the style of teaching Oromo proverbs with due emphasis on identity, meaning and purpose of proverbs. For the materialization of the study, Afan Oromo Department of Arsi University was taken as a target. A total of 25 students and four teachers were data-providers. Binary-mode questionnaire and semi-structured interview were instruments of data collection. The study indicated that, the teaching of Oromo proverbs was largely conceptual wherein modular presentations and practices took dominant part. Experiences of students at practices also denoted very limited options in learning *from* and *with* proverbs. As far as students learn Oromo proverbs to work later as project designers and researchers, shortage of practices signifies lack of depth in attaining the practical standard. The researcher suggests *Reference-Inference-Application (RIA) Model* of learning-teaching proverbs to be essential.

**Key terms: Composition; Practices; Proverbs; Afan Oromo; Higher Education**

.....  
*“Waan Garaa fi Waan Karaa” is derived from the proverb in Oromo, “ Akka garaaf taatu, marqaan galaa hin taatu,” literally meaning, “ Delicious though at home, porridge cannot be any good sort for the way.” So, the research questioned whether the proverb lessons tilted more to the temporary meal at home or a provision for the way ahead. \*<sub>1</sub>*

## **BOQONNAA TOKKO**

### **DUGDA-DUUBA FI BARBAACHISUMMAA QORANNICHAA**

#### **1.1 Dugda-Duuba<sub>4</sub> Qorannichaa**

Adeemsa baruu-barsiiisuu keessatti, barattooti maal akka baratan beekuun dhimma dursaa dha (Metzlerfi Woessmann, 2010; Akiri & Ugborugbo, 2017). Maal akka baratan beekuuf, barattooti kaayyoo jijjiirama beekumsaa qajeelchu qabaachuun dirqama ta’a (Jones, 2005). Kaayyoon barnootaammoo, qabiyyeetiin mirkanaa’a. Qabiyyeen barnootaa, kaayyoo akka mirkaneessuuf oolutti, faayidaafi amanamummaan isaa akkasumas baratamuun isaa haala jiruu faana walqabatee qindaa’uun barbaachisaadha. Erga kaayyoo fi qabiyyeen baratamu wal-argateen booda, akkaataa barumsi itti geggeeffamutu qindaa’a. Kunis, gahee barattootaa, gahee barsiisaa, yeroo barnootaa, mala baruu-barsiiisuufi meeshaalee baruu-barsiiisuu tumsuuf qixaa’an hammata. Sirni madaalliis, ka’umsuma irraa jalqabee bifa afuriin akka geggeeffamu hubatamaadha (Duferesene, Gerase fi Leonard, 1996). Innis, madaalliifi sakatta’a seensaa, madaalliifi sakatta’a adeemsa, adda-baafannoo hir’ina keessa-keessaa fi kan xumuraa ta’uun ifaadha.

Barnooti afaaniis, ijoo walii-galaa kana qabatee, dandeettiiwwan barattooti akka gabbifataniif barbaadamu bira geessisuudhaaf geggeeffama. Dandeettiiwwan afran (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu) gabbisuun gamatti, afaan kamiyyuu haala itti og-barruu babaasuufi gabbisu qaba. Kunis, og-barruun mi’aa taateefi jiruu, bifa kalaqaa (imagiantion)fi bareedinaatiin (beauty) muudee dhiheessuu isarraa madda (Finnegan, 2012). Adeemsa kana keessatti, tarkaanfiin jalqabaa, wanta baratan beekaniis itti adeemuu akkuma ta’e, og-barruu bifa walaloos ta’e hololoo; kalaqa dhuunfaas ta’e hawaasaa, addaan baasaniis beekuutiin irraa barachuun akkasumas ittiin barachuun duraa-duubaan kan ijaaramaa, salphaarraa gara cimaatti adeemudha.

Afaan Oromoo, afaanota Afriikaa keessatti saba guddaatiin dubbatamanifi amala addaa mataa isaanii qaban gidduutii isa tokko ta'ee, sirni dimookrasii Oromoofi qaruuxumni sabichaa kan ittiin ibsamu dha. Afaan Oromoo, bifa dubbiitiin erga bara heddiseefi hangaan-ol dhiibbaan irratti walfureen booda, afaan barnootaa ta'ee faara as bahe, kurni lamaafi shanee darban asitti, dagaagina afaanota Afriikaa bara heddisan biratti ciminaan eeramuu danda'u mul'isaa deemeera (Tadesse, 2013).

Kanneen keessaa, dagaaginni Afoola Oromoo kan akka addaatti eeramu qofa osoo hin taane, qabsaa'ee kan of-baase ta'uun isaa yaadannoo guyyuuti. Kunis, galma aadaafi seenaa amala addaa qabu, mallattoo Oromoo Odaatiin ibsamu dha (Dereje, 2012). Isa alagaan dhokse, buruqsee kan baase, afooladha. Isa sobni marse, seenaa dhalootaa, kan ifatti baases afooluma. Seenaan Oromoo har'a daangaa-daangaatti faarfamu, gaafa dhokates, afoola isaati; yeroo boba'es isumaan qayyootee, finiine (Asafa, 1996). Kanaaf, Oromoodhaaf Afoolli, meeshaa seenaafi xombora xurree qabsoo bilisummaa ibsu dha. Fakkeenyaafis, geerarsa, sheekkoo, durii-durii, makmaaksa, jechama, weelluun jilaafi ayyaanaa akkasumas eebba bifa garaa-garaa eeruun ni danda'ama (Jeylan, 2006).

\*4: Dugdaduuba kan jedhu osoo *Labata* jedhamee, silaa waan ergaa sirrii geessisu fakkaata.

Gama baruufi barsiisuu Afaan Oromootiin yeroo ilaalamu, Afoolli Oromoo akka mi'eessaatti galee gudunfaa beekumsaa dhalootaaf akka dabarsaa jiru mamiin hin jiru (Mebratu, 2016). Kana faanas, akka wiirtuu qorannootti taa'ee xiinxalli irratti geggeeffamuudhaan, katabbiitiinis ta'e tamsaasa sabaa-himaa (miidiyaalee) adda-addaatiin akka beekamtiifi tajaajila argatu ta'aa jiraachuun, tarkaanfii qajeeltoodha. Haa ta'u malee, akkaataan Afoolli Oromoo, keessumaa makmaaksi, itti hojii barannootiif oolaa jiru, haala silaa duraa-duubaa irratti hojjetamuuf male hordofee gara ce'umsa jabaatti deema jiraafi hin jiruun gaaffii walaallammii ta'ee argama (Jeylan, 2005:294).

Kanumaan wal-qabatees, ijoowwan sadii tuttuquudhaan, gara barbaachisummaa qorannoo kanaatti seenuun dirqama ta'a. Tokkoffaa, Afoolli Oromoo, hangam isaatu dhaloota biratti beekamee akka jiru ifa taasisuurratti gaaffii jiru ilaalchisee, yaad-rimee qayyabsiisuun gamatti, adeemsi bal'inaafi gad-fageenyaan makmaaksa qayyabsiisu; addummaa (distinctiveness) isaas hubachiisu hangam akka jiru xiinxaluu dha. Inni lammataa, dhalooti adeemsa barumsaa keessa darbee dhamdhama afoolaa argatu, carraan inni afoollarraa waa itti xiinxalee barachuu danda'u

hangam bal'aafi gad-fagaataa akka ta'e ifsuudha. Inni sadaffaafi xumuraa, Afoolli Oromoo, ijjoollen barumsa keessa darban, afoolaan barachuu akka danda'an haalli mul'ataan maaltu akka jiru ibsuudha.

Kanarraan egaa, qorannoon kun , miila lamaaniin dhaabbatee, gama baruu-barsiisuutiin Afoola barachuu, irraa barachuufi ittiin barachuun maal akka fakkaatu galumsa Oromootiin yeroo xiinxalu, barbaachisummaan isaas, guutummaa dagaagina afoolaa mirkaneessuudhaaf itti gargaaramuu qofa hin taane, kanneen afaaniffaan irra-caalaa taa'anii jiran goleewwan Orombiyyaa maraa babasuutiin dhalooti akka baratee ittiin of-jijjiiru gochuun madda laf-jala dhokate burqisiisuutiin wal kipha. Ijoo ka'umsaa kanaan, maa'iin qoranoof taa'e, makmaaksi hangam baratamee ittiin barsiifamaa akka jiru xiinxaluudha. Galumsi qorannoo, yuniivarsiitii Naannoo Oromiyaatti argaman keessaa Yuunivarsiitii keessatti, haala makmaaksi Oromoo itti barsiifamu kan xiinxale yeroo ta'u, ka'umsi, gaaffiileen, kaayyooleen, barbaachisummaafi daangaan qoraannoo, itti-hirkatni yaad-dureefi haxa qorannoo uddeellatee akka armaan-gadiitti itti deemame.

### 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Bu'uurri afaaniifi muuxannoo afaanii dubbiidha. Dubbiin immoo, hiika qaba. Hiiki dubbii keessaa argamu qolaafi ija; lafeefi dhuka qaba. Afoolli, dhoksaa dubbii qolaa baasee, icciitii hubachiisa. Namni qola hin hubanne ijatti hin darbu; kan lafee hin beeknes, dhuka hin baafatu. Afoollis akkasuma. Namni aannan dhuguu beeku, mucha horiifi akka itti horii elemfatan yoo hin beekne, hawwaan du'a. Namni Afoolarraa baratullee, dursee kamtu eessa akka jirufi maal akka qeeqsisu yoo hin beekne, rakkataadha. Qorannoon kun, dagaagina barnoota Afaan Oromoo Yunivarsiitota keessatti geggeeffamuufi akka addaatti faarfamuu keessatti, Afoolli Oromoo carraan inni itti baratamee dhaloota bira gahuuf qabu hangam akka ta'e xiinxaluudhaaf geggeeffame.

Qorannoowwan hanga har'aa jiran, akki-taateefi maal-baattee Afoolaa kan walii-galaa kan xiinxalan ta'uun kan boona dabaluu ta'ee, afoolli hammam beekamee afaaniffarraa gara xiinxala saayinsaawaatti qaruuxuma qabuun as bahe dhalooti irraa barachaafi ittiin barachaa akka deemuuf oolee akka jiru, qorannoon as baase hin jiru. Keessumaa maalummaa, hiika guutuufi gargaarama bifa addaa-addaa kan gudunfate as bayaa hin jiru jechuun ni danda'ama.

Yoos, qabatamtooti qorannoo kanaa, gama taasisaatiin, muuxa barsiisotaa yeroo keewwatu,

gama ta'aatiin jijjiirama barachuu barataarratti fiduuf yaalame fuuleffatee shaakalli jiru maal akka fakkaatu xiinxaluudhaaf geggeeffame. Ijoon qorannoo kanaallee, Afoola Oromoo bifa makmaaksaa ta'ee, xiyyoon xiinxalaa afoola barachuu, afolarraa barachuufi afoolaan barachuu akka walii-galaatti qabatee, makmaaksa akka korma jilaatti as baase. Gaaffiileen ijoo qorannichaallee, kanneen armaan gadii ta'an:

### **1.3 Gaaffiilee Qorannoo**

Qorannoon kun, gaaffiilee armaan-gadii bu'uura godhatee geggeeffama:

#### **1.3.1 Gaaffii Bu'uuraa**

Afoolli bifa makmaaksaatiin barumsa Afaan Oromoo keessatti dhiyaatu, hangam barsiisee, irraa barsiisee, ittiin barsiisa?

#### **1.3.2 Gaaffiilee Murtaa'oo**

Adeemsi barnoota Afoola Oromoo sadarkaa yuunivarsiitiitti kennamu, makmaaksa shaakalsiisuurratti maal fakkaata?

Barattooti makmaaksarraa akka barataniif carraan jiru hoo maalfaa'iin mul'ata?

Makmaaksaan barachuuf faarri mijaawaafi dalagmaan hangam tokko mijaa'ee jira?

### **1.4 Kaayyolee Qorannichaa**

Qorannoon kun, kaayyolee gooroo fi gooree qaba ture.

1.4.1 Kaayyoo Gooroo: Adeemsi barnoota afoola Oromoo sadarkaa Yuunivarsiitiitti kennamuu, makmaaksaa hammam akka hammatu ifoomsuu

#### **1.4.2 Kaayyolee Gooree**

Gahee shaakalaa makmaaksi barannoo Afoola Oromoo keessatti qabu addaan ibsuu;

Barattooti makmaaksa sadarkaa hiika-qabeessaan hangam akka baratan argisiisuu;

Haalli baruu-barsiisuu hangam-tokko akka makmaaksa barachuuf aanja'u argisiisuu dha.

### **1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa**

Qorannoon kun, akkaataa Afoolli itti barsiifamu bu'uura godhatee, keessumaa makmaaksi Oromoo haala itti barsiifamu kan xiinxale ture. Argannooleen qorannichaas, barsiisota Afoola

Oromootiif bu'aa akkaataa filannoo malleen barsiisa ogafoolaarratti bu'aa ni qabaata. Kanuma faanas, barsiisoti adeemsa barumsaa xiqqaarraa gara guddaatti; akkasumas, ibsa salphaarraa gara cimaatti haala ittiin deemuu danda'an qajeelcha. Dabalataanis, ogeeyyiin qorannoo gad-fageenya qabu bu'uura kanaan geggeessuu fedhan ka'umsa matlamee haalmalaafi og-afaanii walsimsiisuutiin akka xiinxalan ulaa akka saaqu ni eegama.

### 1.6 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun, Afoola Oromoo maqaa haa dhayatu malee, xiyyeeffannoon isaa makmaaksa ta'ee, ijooon addaas akkaataa dhiyeessa makmaaksaa ture. Sababi daangeffama knaas, ka'umsi qorannichaa, makmaaksa qorachuu utuu hin ta'in, akkaataa makmaaksi itti barsiifamu xiinxaluu waan ta'eef dha. Gama biraatiin, daangaan bakka qorannoof kennamee, Yuniivarsiitiin Arsii xiinxala kanaaf filatamee kan irratti hojjetame yoo ta'u, maddeen odeeffannoo xiinxalaaf oolanis kanneen bara 2009/2010 turan. Sababi daangeffama odeeffannoo kunis, ragaa as-aantii fi qixaawaa argachuudhaaf ture. Maddeen odeeffannoos barattoota Afaan Oromoo waggaa 2<sup>ffaa</sup> fi barsiisota turan. Meeshaalee barnootaa xiinxaluun barbaachisaa ta'ee utuu jiruu, guutummaatti waan hin argaminiif akka madda ragaatti hin fudhatamne.

1.7 **Ibsa Xiyyoo:** Mata-dureen qorannoo kanaa, makmaaksa Oromoo “Akka garaaf taatu, marqaan galaa hin taatu,” jedhurraa madde. Itti-galaan isaas, waan yeroof qayyabataniifi kan bal'inaan dhugeeffatan walii-lama ta'uu agarsiisa. “Waan garaa fi Waan Karaa,” kan jedhameefis kanuma.

**BOQONNAA LAMAFFAA****XIINXALA BARRUU (BAR-AANTII)<sub>5</sub>****Seensa**

Afoolli, bifaafi amaloota adda-addaa akkasumas bu'aa adda-addaa qabaata. Shaakalli barnoota afoolaas, akkaatuma bifa isaatti garaa-gara ta'uu danda'a. Makmaaksis, afaaniffaan daddarbuu, bifa gumaa'aatiin taa'uu akkasumas yaada taatee jireenyaa bifa calaqqee walii-galaa qabaatuun dhiyeessuun kanneen muraasa yeroo ta'an, yaaddenfi yaad-hiddampotni akkasumas, argannooleen qu'annoofi qorannoo garaa-garaa dhiyaatanii, akkeetuun qorannoo itti jiramuu bira qabamtee dhiyaattee jirti.

Makmaaksi, akka birkii afoolaatti hiika, madda, amalootaafi bu'aa akkasumas akkaataa itti fayyadamaa qaba. “Aakkifatan, ni tufu; makmaakan waa himu,” kan jedhamus dhugaa kana hordofeeti. Dhugaa himuutiin dura, jechi dhuga-baattuun ifummaafi madaqina qabaachuun qophii angafa ta'ati. Kutaa kana jalattis, ijoowwan armaan-olitti eeramantu bifa qu'annoofi qorannoo itti jiramuu wajjiin wal-qabateen xiinxalaman.

**2.1 Yaad-Rimee Makmaaksaafi Madda Isaa**

Makmaaksi jecha “Proverb” jedhu qixxee akka qabaachuu danda'u kan hubatamu, ibsa dhamii qabu kan taatee hordofee nama tokkoon dubbatamee, yeroo fudhatama bal'aa argatus ijoo ergaa walii-galaa ta'uu danda'udha (Mieder, 2014). Yaada bar-duree armaan-olii kanarraa kan hubatamu, makmaaksi taatee bal'ina qabu keessaa gabaabbatee, bifa nam-tokeetiin hubatameen erga dhiyaateen booda, yeroo deddeebi'ee dubbatamee hojiif oolu, kan hawaasaa ta'a ijoo jedhutu calaqqisa.

Dabalataanis, taateen makmaaksaan ibsamu, kan dhamii qabu ta'uu akka qabutu iftooma. Dhamiin kunis, ibsa qaruuuxumaa, kan abbaan dubbatu itti yaadee karaa gamlamee kalaqudha. Karaa tokko, ergaa taatee bareedaan qabaniis ibsuu yeroo ta'u, karaa biraa akka hawaasa bira ga'ee ijoo bal'aa sensu, ibsufi goolabutti taa'uun isaa adda isa taasisa. Kanas yeroo dhugoomsu, Oromoon, “Aak, jedhan, waa tufan; maymaakan, waa himan,” jedha. Dabalees, “Makmaaksi, takka ka dubbii fidu; ka biro, ka dubbii fixu,” jedha. Maddi makmaaksa nam-tokko, gargaaramtooti garuu danuu akka ta'anifi abbumman isaas, galee-galee, kan hawaasaa akka ta'e ni beekama (Cervero, 2016). Fakkeenyaaf, “Korma dhabu, morma hin dhabu!”<sub>6</sub> makmaaksi

jedhu, taatee nama tokko mudate, kan Diggaa Saaqoo akka jedhetti himamudha. Innis, waan isatti waamamuudhaaf male, gatii korma-qalmaa dhabe akka dhabu yeroo itti murteessuudhaaf ka'anitti, jecha kana dubbatee, morma ofii muree, maqaa abbummaa isaa oolfate jedhama. Kan dubbate, Diggaa Saaqooti; kan itti waamamufi gargaaramu Oromoo.

*\*5: Barruu jedhamee qooda dhiyaatu, Baraantii yoo jedhame anaaf sirrii dha*

*\*6: Taatee dhugoomaarraa makmaaksatti kan makame dha.*

Walii-galatti, akkaataan uumamaafi gargaarama makmaaksaa, akka armaan-gadiitti cuunfamee taa'uu danda'a:

Proverbs are not created by the folk but rather by an individual. Someone at some time and somewhere couches a general observation, behavior, or experience into a short, complete sentence that subsequently is picked up by others who might well change the wording slightly, resulting in a number of variants until a standard formulation results (Mieder, 2014:29).

Makmaaksi, buleeyyiitiin akka dubbatamu beekamaadha. Haa ta'u malee, bu'uurri isaa hubataadha. Nama waa hubatee qeeqqetu, maddisiisa. Wanti madde kunimmoo, gurra dhaggeeffattotaa seenee erga hiika argateen maa'essa qabeenya hawaasaa ta'a. Qabeenya hawaasaa ta'uu faanas, bifti inni ittiin dhiyaatu, wanta daaw'atame hammatee, yaad-qalbii yookaan muuxannoo bu'uura godhatee, bifa himaatiin ta'uu akka qabu yaada armaan-oliirraa ni hubatama. Wanti guddaan hawaasi makmaaksatti fayyadamu gumaachu, jecha isaa dhidhiibee, hiikas gudunfaa taateewwanii faana wal-qabsiisee naalchuudhaan dhiyeessuudha.

Makmaaksi nam-tokkoon haa maddisiifamu malee, yaadaafi fedhii uummataa (the feeling of the community) kan ibsu yeroo ta'u, adeemsi uumamaafi daddarbiinsa isaa bifa sadii akka qabaatu beektonni ni eeru (Mieder, 2014:32). Bifti inni duraa, haala qabatamaa naannoo waliin wal qabatee maddisiifamuu (concrete formulation) ta'ee kan haala mudate tokkoof akka deebisaatti dhiyaatu ta'uu; inni lammaffaan, simannaa fi adeemsa cululuqsaa hiika walii-galaa bifa inni kennuu danda'uun makmaaksaaf kennu (acceptance and twist of phrases to fit expression); sadaffaa, hiikaafi ergaa miidhagaa, mi'aa hawataas qabatee, yaad-rimee ba'eef utuu hin gad-dhiisin, kuulamaa adeemuudha (being meaning-consonant with public sentiment). Kunis, makmaaksi amaloota adda-baatee akka qabu faana dhoofsisa.

## 2.2 Amaloota Makmaaksaa

Makmaaksi amaloota ittiin afoollan biroorraa adda bahu qaba. Kanneenis akka armaan-gadiitti tarreeffamanii jiran. Cervero (2016: 2) amaloota makmaaksaa yeroo tarreessu, odeeffannoo guutuu bifa himaatiin dhiyaatu akka inni qabu tuqa. Amala kana, makmaaksa Oromoo fakkeenya fudhannee ibsuunillee ni danda'ama. Fakkeenyaaf makmaaksi “Harmatu lama malee aannan tokkuma,” jedhu hima guutuudha. Amalli lammaffaan, himamni makmaaksi ittiin dhiyaatu, haala/taatee (condition) fi bu'aa (consequence) yookaan gorsa (advice) akka qabaatu ibsa. Amala makmaaksaa kana, kan Oromoo faana wal-qabsiisanii ilaaluun akka danda'amu ifaadha. Fakkeenyaaf, Oromoon yeroo makmaaku, “ Ba'aa namni ol siif fuudhe, hin baatin!” jedha. Ba'aa namni ol siif fuudhe inni jedhu, haala yeroo ta'u, hin baatin inni jedhu ammoo, gorsa dha. Makmaaksawwan biroollee, fakkeenyaaf bu'aarratti xiyyeeffachuutiin ka'anii, amala kana dhugoomsuun ni danda'ama jechuudha. Fakkeenyaaf, “ Horii abbaan gaanfa cabse, ormi ija buruqsa,” makmaaksa jedhu fudhatanii haalaafi bu'aatiin dhiyeessuun dhugooma amala eerameef wabii gama afoola Oromoo ta'uu danda'a.

Ammalli sadaffaan makmaasi qabu, ijoo tokkoon taatee adda-addaa ibsuu danda'uu isaati. Fakkeenyaaf, makmaaksa “ Quphansuun al tokkoo, baqa waggaa tokkoo fida,” jedhu, waa lamatti hiikamuu ni danda'a. Tokkoffaan, warra-duuti itti gale gaaffii dhabuun, qaani ija namaa nama baqqachiisu fida isa jedhu bakka bu'a. Inni biraan, akka hin taane gad taa'anii, dugdi yoo nama dubbate, qaaniitu jira jechuullee ta'a. Hiikti makmaaksaa kun, waan wal-faallessullee fakkaata. Inni duraa, barbaachisummaa quphansuu yeroo himu, inni lammataa akka of-eeggatan waan akkekkachiisu qaba. Kanaafis, galumsa hawaasi dursee fayyadameef xiinxaluun dirqama ta'a.

Afraffaan, makmaaksi ergaa gumaa'aa akka dabarsu dha (concise message). Yaada gumaayaa Yeroo jedhamu, waan silaa utuu dubbaatnee yeroo dheeraa fudhatu, mi'eessanii jechoota muraasaan kaa'uutu jira.

Yaada wal-mormu yookaan wal ijaaru wal-bira qabee dhiyeessuu qabaachuunillee amala biraafi isa shanaffaa akka ta'e dha (Cervero, 2016:2). Fakkeenyaaf, makmaaksa Oromoo keessatti, “Ariiftaan, horii gata,” kan jedhu, ariitiin gaarii akka hin taane kan ibsu ta'ee, “Hiriyyaa ceekuu saamu,” kan jedhu garuu, ariitiin bakka yaadan dorgommatanii gahuuf fala qajeelaa tahuu ibsa. Ergaan kun, wal-morma; wal guutalleedha. Ariifataan, horii gata inni jedhu, akka-malee yoo

saffisan, dagannaan akka dhufu ibsa. Hiriyyaa ceekuu saamu inni jedhu ammoo waan yeroo tokko keessatti raawwachuu qaban, utuu yeroo hin gubin yoo hojjetan, ni milkaa'u; dorgomaanillee nama hin dursu jechuuf ba'e.

Amalli ja'afaan, ergaa dhokataa, bifa mi'aawaafi xiinxala barbaaduun dhiyeessuu danda'uudha. Oromoon yeroo waa dubbatu safuu eegeeti. Taatee ibsuu qofa miti. Akka ta'utti ibsas malee. Fakkeenyaaf makmaaksi “ Yoo garaa keessaa ka'e, garaa jalaa ka'a!” jedhu jecha safuu yookaan qaani garaa jalaa jedhu qaba. Kunis, makmaaksi tokko, akkaataa barbaachisummaa isaatti, ergaa dhokataa qabaachuu akka danda'u hubachiisa. Fufees, muuxaafi kalaqa dhuunfaarraa madduu isaarraa dhufa (personal anecdotes).

Amala filannoo fi gargaarama jechaa Oromoon qabuu ka'umsa godhatees, amalli kun ibsamuu danda'a. Fakkeenyaaf, “Hudduu abbaan kenne, ormi fottoqsa mura,” kan jedhu keessatti, jechi ‘hudduu’ jedhu, hundee yookaan qaama ittiin taa'an ta'uu danda'a. Gama birootiin, micciiramuun hiikaa, xiinxala yaadaatiif kan karaa saaqu, garuu ammoo, golollisa hiikaa (semantic darkness) fiduu akka danda'u ni hubatama. Sana ta'ee garuu, makmaaksi walii-galtee nicimsa malee hindabsu.

Amala torbaffaa ta'uu kan danda'u, makmaaksi safuu hawaasaa kan barsiisuufi dhiyeessa isaa keessattillee kan dhugoomsu ta'uu isaati. Fakkeenyaaf, makmaaksa Oromoo kan “ Yeroo ilma gudeedi diimatu, haadha ijatu diimata,” jedhu keessatti, jechi gudeeda jedhu safuudhaaf taa'e malee, kan silaa ta'uu qabu, cidhaan dha.

Amalli saddeettaffaan makmaaksi qabu, ergaa dubbii sensisuu, bal'isuufi xumuruu akka ta'e, xiinxalooti ni eeru (Kim fi kbh. , 2017:1-16). Kanaaf fakkeenya ta'uu kan danda'u, makmaaksi Oromoo, dubbii ittiin saaquudhaaf kan fayyadu ta'uu dha. “ Daboon kan baateef aramti!” kan jedhu seensaaf; akkasumas, “ Dubbiin ija bareeddi, qawween muka bareeddi,” kan jedhu fufiinsaaf, darbees, “ Dubbiin galchaa qabdi; galchituunis abbaa qabdi,” kan jedhu goolabuuf akka oolu ni hubatama. Amaloota kanneen faanas, bu'aaleen makmaaksi qabu bifa-bifaan taa'anii jiru.

### **2.3 Bu'aa Makmaaksaa**

Makmaaksi, namni tokko naannoo isaa wajjin hariiroo addan hin cinnee yeroo taasisu kan uumamuufi cimaa adeemu ta'uu beektoti ni eeru (Stewart, 2010). Kanumarraa ka'uutiin, bu'aa

makmaaksaa akka armaan-gadiitti dhiheessuun nidanda'ama.

### 2.3.1 Bu'aa Barumsaa (Educational Values)

Makmaaksi bu'aa barumsaa akka qabu warri eeran, hariiroo namaafi uumama gidduu jiru akkasumas, akkaataa namni uumeerraa barachuu danda'ullee ni eeru (Kim, 2017; Stewart, 2010).

Kanaa wajjiin wal-qabatee, makmaaksi qarooma hubee naannoo uumamaa akka cimsu (ecological literacy) akkaataa dhiyeessa isarraa kan hubatamu ta'uun kennamee jira.

Hubannoodhaaf kan ta'u, barumsi maddaa (source education) miiltayaa (informal) yeroo ta'u, kana keessattis makmaaksi iddoo guddaa inni qabutu mul'ata. Fakkenyaaf, makmaaksi Oromoo "Waaqaafi lafti wal beeka!" jedhu kana dhugoomsa. Hiikti birqabaas, yeroo roobni dhiyaatu, coqorsatu latuu eegala.

Dhiyeenya roobaa, isarraa raagu. Kunis, safuu (ethics) fi bu'aa (values) bifa walitti hiddeen dhiyaata. Fayyadamni bu'aalee uumamaa, safuu mataa isaa qaba. Kun hawaasa uumama waliin tuttuqaa malee jiraatu gidduutti safuudhaan raawwatama. Maddi, margi, mukti, fi baallillee safuu qaba. Safeeffannaan kunis, bu'aa gargaaramaa wajjiin wal-qabatee, makmaaksaan kuulamee dhiyaataa adeema.

Makmaaksi qaruuxuma akka barsiisu, darbees nama dogongorellee akka ceepha'ee karaatti deebisuufi sirreessu madden barruu qorannoo addaa-addaa ni mul'isu (Stewart, 2010). Gama birootiin, makmaaksaan qabanii nama doofe qaruunfi si'eessuun akka danda'amullee ragaaleen barruu ni ibsu (Finnegan, 2012). Gama makmaaksa Oromootiinillee yoo ilaalame, makmaaksi gorsaa kan qophii, qusannoo, akeekkatani dubachuu, gita ofii beekuufi wal-fakkaatoon ni dubbatamu. Fakkeenyaafis, "Bakka hin waraannetti, hin luqqifatin!" makmaaksi jedhu, bakka hin qophaa'initti waa akka raawwattu daftee hin dhaammatin waan jedhuun wal-kipha. Kana faanas, fedhii qajeelaafi si'essuudhaaf makmaaksi iddoo ol-aanaa akka qabu ifatti taa'ee jira.

Gama biraatiin, makmaaksi, haala dareetiin alatti barattooti bifa itti naannoo ibsanii irraa barachuu danda'an ibsa (Syzydykov, 2014:15). Haala manni barumsaa hawaasa xiqqee ta'ee eeramu keessatti, makmaaksi dhaloota darbee fi kan ammaa qaruuxumaan walitti hidhee egereef dhaamsa jiruu qajeelchu akka kaa'ullee, qorannoon Syzydykov (2014:17) ni ibsa.

Afoolli bifa makmaaksaa, kaka'umsa xiinxala jireenyaafi dandeetti rakkoo furuutiif akka oolus, qorannooleen biyya Nigeria ka'umsa godhatan mul'isanii jiru (Amali, Yusuf fi Jekayinfa, 2012). Bifuma wal-fakkaatuun, Mac Coinnigh, (2015) bu'aa makmaaksi barumsa keessatti qabu bifa

hirmaannaa barataa cimsuu, afaan ofii qaxalummaatiin darbees qaruuxuma yaadaatiin barachuu, akkasumas hubannaa addunyoominaa gonfachuudhaaf barattoota dadammaqsuudhaaf bu'aa qabu jala kutanii jiru. Argannoon Brosh (2013) bu'aa afoolli makmaaksaa barattoota biyya Arabaatiif qabu irratti hundaa'ees, warri daangaa tokko waliin qabu kan qubannootiin walitti kalaa'ullee, hariiroo isaa makmaaksaan akka bal'ifatullee eeree jira.

### **2.3.2 Bu'aa Hawaasummaa (Social Values)**

Akka gumee dhalootarraa dhalootatti darbuutti, afoolli eenyummaafi ergaa safuu hawaasi tokko waliin hirmaatu akkasumas dhalootaa-dhalootatti dabarsuutiin ittiin wal-qaru of keessatti qabatee jira. Waliif dabarsi hubee seenaallee kanumaan wal qabata. Kunis, makmaaksa akka dabalatu hin haalamu. Gama biraatiin, makmmaksi bu'aa hawaasummaa gama aadaa barsiisuu (culture education) akka qabaatu, kunis dagalaeefi olii-gadii qabaata. jechuutiin Finnegan (2012) eertee jirti.

### **2.3.3 Bu'aa Dagaagina Safuufi Amlee (Moral and Ethical Values)**

Qorannoo haala jajjabina hojii uummachuu shaakala fi bu'aa afoola Ubuntu (Naayjeeriyaa) kan biyya Niiwuziilandi keessaarratti geggeeffameen, afoolli taateewwan jiruu ibsuutin gamatti, heera waliin hojiifi waljijjiirraa yaadaa akka cimsu ni beekama (Tuwe, 2016).

## **BOQONNAA SADAFFAA**

### **MALA QORANNICHAA**

#### **Seensa**

Qorannoon kun, gaaddisa falaasama qorannoo pragmatism kan dalagaatiin barachuu kan bu'uura godhate yeroo ta'u, maa'iin isaas, galumsa barumsa Afaan Oromoo, keesumaayyuu Afoola Oromoo barsiisuu, keessatti bakka dalagamaa Makmaaksa Oromootiif adeemsi barumsaa kennee jiru xiinxaluu ture. Ijoowwan kanaaf oolanis, makmaaksa barachuu, makmaaksarraa barachuufi makmaaksaan barachuu jedhamanii addaan babahan. Makmaaksa barachuun (Learning proverbs), makmaaksa bifa afoolaa biroorraa maaltu akka adda taasisuufi qabeentaafi qabeenyummaan isaa kan dhuunfaa yookaan kan hawaasaa ta'uu addaan baasuu danda'uu qorachiise. Makmaaksarraa barachuun (Learning from proverbs) ammoo, hiikaafi ergaa murtaawaafi walii-galaa makmaaksi qabu addaan baasani ibsuurratti barattooti adeemsa barumsa Afaan Oromoo keessa jiran hangam akka baratan xiinxalchiise. Makmaaksaan barachuun (Learning with proverbs), akka mala yookaan madda beekumsaafi qaruuxumaatti

makmaaksa hordofanii sadarkaa ol'aanaa ta'een barattooti dubbii seensisuu, dhimma beeksisuufi ceesisuu keessatti hangam akka qooda bahantan kan xiinxale ture.

### 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Maa'iin qorannoo kanaa, ka'umsa sirna adeemsa baruu-barsiisuu Afaan Oromoo Yunivarsiitii keessa jiru bu'uura godhachuudhaan, Afoolli Oromoo , keessumaas Makmaaksi, bakka inni qabu ifatti mul'isuudhaan, qabatamtoota ciminaafi laafinaa beeksissudha. Kanaafis, saxaxi qorannichaa, sakatta'a Adeessa yookaan ifsaa ti. Saxaxi kunis kan inni filatameef, haaltaatee ifsuudhaaf haxa dhiyaataa ta'uun isaa, qorannoolee jaarootiin kan mirkanaa'e ta'uurraniidha. Malli itti-adeemsa qorannoo kanaa, qabata dagalee (Cross-sectional survey) ta'ee, muuxannooleefi ragaaleen waan as baasanirratti kan xiyyeeffatedha.

### 3.2 Gosootaa fi Maddeen Ragaa

Ragaaleen qorannoo kanaaf oolan, bifa muuxannoo kallattifi ragaaleetiin kan qindaa'an yeroo ta'u, isaanis barsiisota Afaan Oromoo, barattoota Afaan Oromoo akka fuuleffannaa jalqabaatti sadarkaa Digriitti duraa barchaa jiran akkasumas muuxannoon barsiisota Afaan Oromoo sakatta'amee jira.

### 3.3 Haxa Iddatteessuu

Raga-kennitooti qorannoo kanaa, barsiisota Afaan Oromoo Yunivarsiitii Arsii gidduutii, akkaataa fuuleffannaafi sadarkaa irratti barsiisaa jiraniitiin, kanneen kessumaa warren Afoola Oromoo barsiisan akkuma jiranitti (availability sampling) filataman yeroo ta'u, barattoota keessaammoo kanneen iddatteessa hirtaatiin (stratified sampling) warreen waggaa lammaffaa hanga sadaffaatti jiran giddudhaa filataman harka-sadii keessaa tokko (% 33) turan. Adeemsa filannoo raga-baatotaa keessatti, duraan-dursa, lakkoofsa barsiisotaafi barattootaatu addatti beekame. Ergasiitii, lakkoofsa namootaa addaan ba'e kanarratti hundaa'ee hanga raga-baatotaa garee barsiisotaafi barattootaa gidduutii filatamuu qabaniitu murtaa'e. Achiis, haxa iddatteessaafi filannoo iddattooleetu ta'asifame.

Akkanaan, barsiisota shanifi barattooti 25 ( $l=31$ ) raga-baatota qorannichaa turan. Raawwii qorannichaatiif gareen kallattii (target population) nama 79 yeroo qabaatu, barattoota 29 waraqaan gaafannoo qaqqabe keessaa 25 deebii guutu kennan. Kanneen hafan 4, utuu deebii hin kennin hafan waan hafaniif, haqamaniiru.

### 3.4 Meeshaaleefi Adeemsa Irraa-Jalaa Guurrannaa Ragaalee Qorannichaa

Ragaaleen qorannoo kanaaf oolan, bifa muuxannoo hojiirraafi sakatta'a ragaaleetiin erga addaan bahanii booda, faana gaaffiilee qorannichaatiin addaan babahanii qixaa'an. Adeemsa kana keessatti, meeshaaleen guurrannaa ragaa, bargaafti fi (Questionnaire), afgaaffii (interview) turan. Meeshaaleen qorannoo kanaaf oolan erga bifa-bifaan gaaffiilee ijoo hordofanii qophaa'aniin maa'essa, yaalii kormoomsaafi cimsaatu (validation) geggeeffame. Isa hordofees, ragaaleen qorannoo kanaaf oolan, dursa barattootarraa, achirraas barsiisotarraa guuraman. Duraa-duubni kunis, akkaataa dhimmama ijoo (purpose in view) qorannichi irratti hundaa'eetiin kan tottole ture.

### 3.5 Adeemsa Qindiifi Qaaccessa Ragaalee

Ragaaleen qorannoo kanaaf oolan erga toora lakkoofsa 3.4 jalatti bifa taa'een guuramanii booda, fo'amanii, tooraan kaa'aman. Sanarraanis, ijoowwan bu'uura qorannichi hordofuun dursamanii qixaa'anii, kanneen bifa gabateetiin hangamtaan ba'uufiin barbaachise, bifa lakkoofsaatiin erga taa'aniin booda, qaaccessi irratti geggeeffame. Kanneen bifa akkamtaatiin jiranis, qaaccessi bifa-bifaan erga irratti geggeeffameen booda, gudunfaan yaadaa fi argannoolee tokkoo-tokkoo gaaffiileefi walii-galatti taasifame. Ijoo goolaba argannootiin, gara argannoo xumuraafi abuurata (yaboo) qorannichaa fi calaqqeetti deemame. Kunoo, akkasiin, qorannoon kun faara godhate.

### 3.6 Heera Qorannichaa

Adeemsa qorannoo kanaa keessatti, heerranifi safuun qorannoo kan icciitii eeguu, ragaa maddaan faarsuufi sirrummaa adeemsaafi ragaalee eeganii raawwachuu iddootii hin siqne. Akkanaa, yaadi madden garaa-garaa irraa argame, sirriitti eeramee (cited), bifa ifaatiin toora wabiilee keessa kaawwamee jira. Guurrannaa ragaalee keessattis, raga-baatoti itti amananii akka yaada kennanfi dhugoomni ragaalee akka mirkanaa'uuf, maa'iin qorannichaa ibsameefii fedhiitiin akka hirmaatan, ragaas kennan ta'ee jira. Ragaaleen guuramanis, utuu hin dabsaminifi hin maqsamin, gad-diigamanii hiikti isaanii eegame qaacceffaman. Kunis, amanamummaa ragaa walii-galaafi argannootiif akka tolutti yaadameeti.

## BOQONNAA AFURAFFAA

### QAACCESSA RAGAA QORANNOO

#### 4.1 Seensa

Ragaaleen funaanaman muuxannoo barattootaafi barsiisotaa kanneen bu'uura godhatan turan. Dursa, ragaalee barattootarraa funaanamantu qindeeffamanii hiikti itti kenname. Achiirraas, yaada barsiisotaan kennametu toora qabate. Adeemsi barnoota Afoola Oromoo hangam akka makmaaksa barsiisu dhimma ilaallatuun, gaaffiin calqabaa hanga barannoolee afoolaaf ramadmanii adda bahuun dirqama ture. Akkanaa, barattooti waggaa tokkoffaafi sadaffaa kanneen Yuunivarsiitii Arsii Afaan Oromoo akka fuuleffannaa duraatti filatan muuxannoo isaanii bu'uura godhatanii deebii kennaniin, afoola koorsii sadi'iin akka fudhatan ibsan.

Tarii, Yuunivarsiitiin Arsii barattoota waggaa lammaffaa Afaan Oromoo waan hin qabneef, gosti koorsii kun, haal-jireettii sana hordofee kan irratti hojjetame ture. Sanas ta'ee garuu, koorsiiwwan waggaa sadi'iif kennaman kanneen cabsata (semester) ja'aaf murtaawan keessatti, koorsiiileen kennaman, utuma murna yeroo barumsaa (credit hours) sadi'iin qoodamaniillee, koorsiiwwan soddomii jaha akka fudhtamuu danda'an ifaadha. Kana keessaa, murni yeroo eegamu, waliigalatti murtaa'aa ta'uuf mala. Murna yeroo barnootaa kana keessaas (L=9) hirtaan wal-qixa ta'e yoo gosoota afoola Oromootiif hiramee, tokkoo-tokkoo ijoo afoolaatiif sa'aatii sadii qofa akka gahu yeroo tilmaamamu, sadarkaa shaakalli itti kennamuu danda'uuf yoo hirame ammo, bakka sadi'itti haala laafaarraa-cimaatti jiru hordofee sa'aatii tokko qofa akka qabaachuu danda'u dha. Gaaffiin lammaffaan kanarraa fufe, xiyyeeffannoon shaakala afoola Oromoo maalirra akka ta'etu yaadi itti kenname. Innis akka armaan-gadiitti kan dhiyaate ture:

#### 4.1 Xiyyeeffannoo Shaakala Afoola Oromoo

Ragaa qindaa'ee dhiyaaterra akka hubtametti, irra-caalaan shaakala Afoola Oromoo xiyyeeffannaa bifa makmaaksaa akka qabu dha. Kunis, hanga deebii kenname keessaa harka caalaatiin (68%) beeksifame. Sadarkaa lammaffaarratti, kan bakki ol-aanaan shaakala afoolaa keessatti eerameef, jechama ture (20%). Hanga xiqqaa taatus, durii-duriinille xiyyeeffannoo akka qabu eerame. Yaadi barsiisotarraa argame garuu, kanarraa hanga-tokko adda dha. Akkanaa, hirtaan Afoola Oromoo akka jirutti ta'ee, gaheen barsiifamuurratti jiru akkaataa dheerinaa fi gabaabinaatti addaa-adda ta'uun himame.

Kanas kan mirkaneessu, yaada barsiisaa hirmaataa tureeti; akkasitti dhiyaata: “Afoolli Oromoo yuuniivarsiitii keessatti kennamu, bifa koorsiitiin kan dhiyaatu ta’ee, barannoo afoolaa fi folklore kanneen qareeyyiifi seeneffamtoota jedhamanitti hiraman hammata.” [Hirmaataa 1ffaa, 2016]. Yaada odeeffatame kanarraa , makmaaksi qareeyyii keessatti akka hammatamufi akka manii qorannoo addaatti akka hin teenyedha. Gahee jiruu ibsuu qabu faana wal-qabatee garuu, shaakalli waliin-gahuudhaaf irra-caalaa koorsiiwwan barataman faana dhiyaatu qofti makmaaksa cimsee meeshaa barumsaa mi’aa yaadaa gargaarama addaa-addaa qabu taasisuudhaaf xiyyeeffannoon jiru murtaawaa ta’uutu hubatame. Ijoon barruu-duree dhimma makmaaksaarratti teessu garuu, makmaaksi qabeenya yaadaa kan taatee jiruu hundaaf furtuu qabu akka ta’e Yeroo ibsu, qabiyyeen isaas, kan darbe hubachiisuu qofaa utuu hin taane, kan dhufullee xiinxalchiisuu akka ta’e eera (Kim, et al 2017; Finnegan, 2012; Stewart, 2016).

#### **4.2 Hirtaa Shaakala Afoola Oromoo**

Hanga deebstootaatiin yeroo ilaalamu, shaakalli Afoola Oromoo yaad-rimee xiinxaluutiin irra-caalaatti mul’ifame (72%). Yaad-rimee xiinxaluun ergaa kallattiitiin moojula keessatti kenname qofaarratti xiyyeeffachuu kan of-keessatti hammate dha. Kanarraa kan hubatamus, irra-caalaan shaakala afoolaa ibsa maalummaa gosa afoolaa kan xiyyeeffate tahuutu irra-caalaa mul’ate. Harka lammaffaarratti xiyyeeffannoon kan itti kenname, gaaffiilee moojulaa turan. Gaaffiilee moojulaa jechuun akka qorannoo kanaatti, kennamtoota ittiin barachuudhaaf moojula keessa jiran, garuu ammoo gadfageenyaafi (intensity) fi bal’inaan (extensity) qabuun, shaakalli kamiyyuu madaalamee hanga inni barattoota geessisu, xiinxalamuu ni danda’a. Yoos egaan, wanti shaakalaaf moojula keessatti kenname qofti barattoota geessisa yoo jedhame, hir’inni fagoo hin jiru jechuuda, maddi afoolaa gargaarama hawaasaa waan taheef (Tadesse, 2013). Yaaduma kana bu’uura ta’asifatees, qorannoon kun gaheen Makmaaksaaf kenname bifa armaan gadiitiin kenname:

#### **4.3 Gaheefi Xiyyeeffannoo Ergaa Makmaaksa Ilaalchisee**

Yaada dhiyaate kanarraa kan hubatame, irra-guddaan xiyyeeffannoo barnoota afoolaa bifa makmaaksaa, ibsa walii-galaa akka ta’e deebii kennamerraa hubatame (44%). Kunis, makmaaksi maal akka ta’e ibsa kennuufi amaloota isaa tarreessuutiin fakkeenya kennuurra darbee, xiinxala biro akka hin haamatne beekamaadha. Fakkeenya kennuutiin galumsaan barachuun harka lammaffaarratti kan filatame (36%) yeroo ta’u, makmaaksa hiika callaatiin dhiyeessuun, harka

sadaffaatiin eerame (20%). Akkaataa makmaaksi ittiin barsiifamu, gama yaada barsiisotaan akka armaan-gadiitti dhiyaata:

Makmaaksi, akkuma afoola kamiyyuu yeroo kennameef hordofee dhiyaata. Akkanaa, gosooti afoolaa hundinuu bifa ibsaatiin kennama. Makmaaksaaf jedhee wanti addatti taasifamu garuu hin jiru. Xiinxallis ta'e shaakalli dabalamus, tasumaa itti hojjetamee hin beeku. Kana faanas, makmaaksi akka toora ogummaatti, bifa itti dhiyaatu hin jiru.

Yaada qorannoo kanarraa ijoo calaqqee as bahu, waa afur faana buusa. Inni tokkoo, gosooti afoolaa, bifa wal-fakkaataa ta'een akka kennamanidha. Kana jechuun, haala akka barsiifamuuf kannameen alatti, akki itti deemamu addaa akka hin jirredha. Lammaffaan, makmaaksi bifa ibsaatiin (yaad-rimee) dhiyyachuudha. Yaad-rimeetiin dhiyaachuun gaarii ta'ee garuu, sun qofti gahaa akka hin taane garuu hubatamaadha.

Sadaffaan, makmaaksi bifa adda ta'een, kallattii ofii qabaatee akka hin barsiifamne yeroo ta'u, inni afraffaan, akka ogummaatti haala itti xiyyeeffatamu akka hin jirredha. Kan xiyyeeffatamu afoolummaadha; malee, addummaa makmaaksaa miti. Kunis yaada ijoo barruu xiinxalamee bira qabamee Yeroo ilaalamu, makmaaksa akka koobaa dubbiitti tajaajiluuf gahaa akka hin taane hubachiisa (Stewart, 2016). Ijoowwan barnooti makmaaksaa ittiin dhiyaatu kan shaakala fuuleffates, akka armaan-gadiitti dhiyaate:

#### **4.4 Ijoowwan Shaakalli Makmaaksaa Ittiin Dhiyaatu Ilaalchisee**

Ijoowwan shaakalli makmaaksaa ittiin dhiyaatu ilaalchisee, ergaa makmaaksaa sakatta'uun akka shaakala ol-aanaatti barattootaan eeramee jira (64%). Maalummaa makmaaksaa xiinxaluunis hanga tokko akka shaakalaaf dhiyaatu barattooti tuqanii jiru (32%). Akkaataa yookaan haxa ittiin makmaaksa xiinxalanirratti garuu, shaakalli jiru gad-aanaa ta'uu, deebiin barattootaa ni mul'isa (4%). Asirratti wanti hubatamuu qabu, ergaa makmaaksaa sakatta'uun maal akka qabatu dha. Ergaan makmaaksa tokkoo, jecha inni irraa madde yookaan taatee isaarraa abuuramuu ni danda'a. "Bakka hin waraannetti, hin luqqifatin!" makmaaksi jedhu, ergaan isaa maal akka ta'e beekuudhaaf jechoota 'waraanuu' fi 'luqqisuu' jedhan sirriitti haleelanii hubachuun dirqama ta'a. Lammaffaa, ergaa makmaaksaa sakatta'uun, maalirratti akka inni xiyyeeffatu addaan baasuu yookaanis, taatee jiruu inni irratti makmaakame sakatta'uu jechuu dha (Finnegan, 2012: 424). Yaadi cimsaa kun, haalli waliif dabarsaa (transmission) makmaaksaan qabamee taasifamu,

jiraachuu afoolaatiif (the very existence) bu'uura akka ta'e ibsa. Kanas fakkenyaan ibsuun yoo barbaachise, "Yeroo ilma gudeedi diimatu, haadha ijatu diimata," jedhee kan makmaaku maal hordofsiisuuf akka ta'e hubachuun dirqama ta'a. Aarii moo gara-jabina? Ergaan isaa, ka'umsa aadaatiin wal-qabattee waan qabuuf, daree keessa taa'anii qofa kan hojjetamu hin ta'u; pirojeektii bal'aa barbaada.

Makmaaksi tokko-tokko, golollisa hiikaa (semantic darkness) qachabaachuu danda'a (Cervero, 2016). Fakkenyyaf "Quphansuu al-tokkoo; baqa waggaa tokkoo!" Makmaaksi kun, ergaa bif-lamee of-keessaa qabaachuu waan danda'uuf, akeekkachuun gaarii dha; quphansuufi baqa maaltu akka wal-simssie. Gam-tokkoon, quphansuun, ofirra gad taa'uu waan ta'eef, hafuurri midhaanii yoo tufatte, nama qaanessiti kan jedhuun wal-simachuu ni danda'a. Gam-birootiin, warra gaddaa al-tokko gad-taa'anii gaafatanirraa hafanii, ija baqachuullee mul'isuu ni danda'a. Kanaaf, ergaa sakatta'uun shaakala jabaa kan fedhu ta'ee argama.

Asirratti, gaheen barattooti mul'isan kun, miidhagaa ta'us, haxa ittiin makmaaksa xiinxalan, kan afoollan biroorraa adda ta'erratti xiyyeeffannoon jiru gad-aanaa ta'uun ammoo, hojiifi mala waan addaan baase fakkaata. Yaadi barsiisota afaan Oromoo kanaaf galaa ture.

#### **4.5 Aantummaa Aadaafi Taatee Jiruu Qabatee Dhiyaachuu Makmaakkaa**

Aantummaa aadaafi taatee jiruu makmaaksi qabu, ergaa bifa garaa-garaa kan taateewwan jireenyaan wal-qabatan hammachuu isaatiin ibsama. Fakeenyaaf, "Ba'aa namni ol siif fuudhu, hin baatin!" jedhee jaarsi yoo dubbate, ergaan isaa maal akka tahe eeruutiin dura, jechooti achi keessatti gargaaramaaf oolan maal akka bu'uureeffatan hubachuun dirqama.

Akkuma maddi isaa jiruufi jireenya hawaasaa ta'e, akkaataan inni itti barsiifamus, ijoo qarruu ta'e (original) sana qayyabsiisee xiinxalarran gara gargaarama ol-aanaatti kan geggeessu ta'uu qaba (Elliott, 2010). Yaadi Elliott (2010:4) akka ibsutti, namni makmaaksa baratu, qajeeltoo jireenyaa barata; dhoksaa jiruu egeree dursee beekkata; ni akeekkata; qaruuxuma xuuxxata; hubee suuqqata; ibsoota mi'aa qaban kanneen ija-qarofi gurra-bano ta'an muuxata; ni muuddatallee. Yaadi ragaa qorannoo ijoo eerameen wal-simatu, akka armaan-gadiitti dhiyaate. Deebii kennamerraa kan hubatames, aantummaa aadaafi taatee jiruu hordofanii makmaaksa barachuun bal'inaan akka jirudha (88%). Aantummaa aadaa qabachuun kun kan barbaachiseef, makmaaksi dubbii seensisa; dubbii ceesisa yokaan dubbii fixa. Kanumaafis makmaaksi tokko kan dubbii fiduu, tokko ammo kan dubbii fixu kan jedhamuuf. Ciminni sun aagaan qabamee,

bakka haalli daangessu jirurratti (8%) xiyyeeffannoon addaa akka barbaachisu bira hin darbamu. Aantummaa aadaafi taatee jiruu makmaaksi qabu (lifelikeness) mirkaneessuudhaaf (Kim fi kbh, 2010; Finnegan, 2012), barannoo keessatti barattootifi barsiisonni qorannoo bifa pirojeektii dirree gargaaramuun, harka diriirfatani barnoota cimsachuudhaaf bu'aa argamuun gamatti, ijoofi ergaa aadaa gola afaaniffaa yookaan afoollessaa keessatti danqamee jiru babaasuudhaaf galumsa waan ta'eef, gaaffiin armaan-gadii barattootaaf dhiyaatee deebiin kenname xiinxalamee jira.

#### 4.6 Haala Qu'annoo fi Xiinxala Makmaaksaa Ilaalchisee

Qu'annoofi xiinxala makmaaksaa ilaalchisee, ijoo makmaaksaa xiinxaluufi (40%) ergaa dhokataa babaasuutiin dhiyeessuun (32%) duraa-duubaan akka shaakala ol-aanaatti dhiyaatee jira. Sana faana silaa kan akka gumbii egereetti ol-kaawwamuu male, makmaaksaaf gumees hiikaa, fakkeenyaan sukkuumanii ol-kaa'uu ta'ee, garuu shaakala keessatti hanga ta'e gad bu'aa (28%) ta'uutu eerame. Yadni cimsaa kana faana wal qabatus, gama barsiisotaatiin kennamee jira. Innis akka armaan-gadiitti dhiyaata:

Makmaaksi akka qaama koorsii tokkootti, al-takkaa hiika, gargaarama, xiinxala walii-galaa qabatee barsiifama. Kunis, gosoota afoolaa tarreetti taa'an keessaa akka tokkootti kennanuu isaatiin wal-qabatee, bu'aa aadaa, duudhaafi safuu hawaasaa calaqqisiisuun ergaa darbuu qabu qorachiisuu bifa danda'uun ta'a." [Hirmaataa 3ffaa, Mudde, 2016].

Ijoo yaada hirmaataa kanaarraa wanti hubatamu, makmaaksi akka qaama Afoolaatti, dame og-afoolaa jalatti ramadamee yeroo barsiifamu, koorsii tokkoon maalummaan, ergaan fi gargaaramni iddoo murtaawaa kanatti cafaqamee akka dhiyaatu dha. Kun jiraachun akka jirutti ta'ee garuu, gargaarama makmaaksaa haala hawaasa keessatti hojiirra ooluun [abbaan-qabeenyaa hawaasaa waan ta'ef] dhiyeessuudhaaf, dursa kan ta'u makmaaksuma bifaafi tarree jechaatiin adda baasuu akka ta'e ni hubatama (learning the premise). Kunumtiyyuu, koorsii tokko yookaan gar-tokkee koorsii ta'uuf mala. Inni sadaffaafi ol-aanaan, xiinxala cimaa gargaarama addaa barbaadu geggeessuu waliin wal qabata.

Yaaduma kana kan cimsu, ijoo Elliott (2010) dhiyaatu, barattooti makmaaksa yeroo baratan, sadarkaa addaa-addaa keessa darbuu akka qaban, sana faanas miira (sense), qixaa'ina inni ittiin dhiyaatu (brevity or shortness) fi mi'aayina yookan dhamii makmaaksaa (salt or taste) akka

hubachuu qabantu eeramee jira. Zaid (2016) makmaaksaan qabani dandeettii gabbisuu ilaalchisee, calaaqee muuxannoo, dagalfata jiruufi aadaa, hubee qaruuxumaa fi wal-quunnamtii waaraa akka cimsu eeree jira. Yaaduma ragaafi qaaccieffama murtaawaa kanarraan qaari'ee, argannoon walii-galaa akka armaan-gadiitti kenname.

## **BOQONNAA SHANAFFAA**

### **GUMEE ARGANNOO, XUMURAAFI YABOO**

#### **5.1 Gumee Argannoo**

Argannoon qu'annoofi qorannoo kanaa, kallattii gaaffilee kennamanittin ilaalamee akkaataa armaan-gadiitti tarreeffame:

Afoolli Oromoo, hangi inni itti xiyyeeffatamee barsiifamu bifa koorsiitiin malee qindii wal-qabataatiin akka hin taane, yaadaafi qaaccessa ragaarraa hubataame. Makmaaksi shaakala aangessuudhaaf bifa murtaa'een yoo jiraatellee, barattooti haala ogummaa isaanii cimsachuu danda'aniin akka xiinxalaniif qindiin addatti kenname murtaawaa dha.

Makmaaksa barachuun ka'umsa adda-baafannoo amala fi ergaa haa ta'u malee, ergaa fi maa'ii gargaarama makmaaksi dubbii keessatti qabu hubachuun silaa waan male. Haa ta'u malee, hayyi shaakalaa jiru bifa dhiyeessa barannoorraa kan hedduu hin fagaatne; darbees, gahaa kan hin taane tahuutu hubatame;

Shaakala makmaaksaafi dhiyeessa dalagamaadhaaf yeroonis tahe dalagaan keessaafi alaa baay'ee murtaawaa tahuutu mirkanaa'e. Kanuma faanas, makmaaksa barachuu, makmaaksarraa barachuufi makmaaksaan barachuun sirriitti toora qabatee hin dhiyaanne.

#### **5.2 Xumura**

Adeemsi barnoota Afoola Oromoo, hangam akka makmaaksa barsiisu gaaffii duree kan ture ta'ee, gahee bifoote afoolaa biro cinaa qabamee yeroo ilaalamu, ol-aanaa ture. Haa ta'u malee, taateewwan hawaasi makmaaksa fayyadamuuf xiinxalchiisuurratti, addaan bahee yeroos ta'e xiyyoo shaakalaa kan cimse qabaatu ta'uu dhabuun laafina irraa-jalaati. Deebiin hirmaattota barsiisotaa, garri guddaan baay'ina shaakalaa yoo ta'ellee, irraa-jalaan yeroo itti kennanii maalummaa makmaaksaa addatti hubachiisuun ni hafa. Asirratti, maaltu ta'uuf akka male, xiinxaluun dirqama. Makmaaksa akkuma argametti hiikuurra, akka hawaasi hiikkatutti, madda

isaa hordofanii hiikuun murteessaafi amanamaa taasisa.

Kunis, moodeloota yookaan xuree qorannoofi akkaataa hojiirra-oolmaa makmaaksaa, yaada beektotaa ammaan-dura as dhufan kanneen akka Moodela Aadaa (cultural model), faaraafi faana aadaa hordofsiisuu; Moodela xiin-afaanii (Language model), gargaarama afaaniifi jechoota aantii; akkasumas, Moodela Guddina Dhuunfaa (Personal growth model), qooda-fudhannaafi fedhii barattootaa dhunfaatti cimsuudhaaf abbaltii fi hordoffii taasifamu faana wal-qabata (Zaib, 2016).

Barattooti makmaaksarraa akka barataniif carraan jiru maal akka fakkaatu, qorannoon kun kan sakatta'e yeroo ta'u, hojiin guddaan baruufi barsiisuu keessatti hojjetame, makmaaksarraa baarchuu akka ta'e ture. Sanas ta'ee garuu, barattooti kan moojula isaanii keessa jirurraa ka'anii of-danada'anii raga guuranii akka qorataniif shaakalli jiru bu'aa-ba'ii akka qabu hubatameera. Akka muuxannoo dhuunfaatti garuu, barsiisoti shaakala gahaa qabu.

Makmaaksaan barachuuf faarri mijaawaafi dalagmaan jiraachuu ilaalchisee, makmaaksarraa bu'aawwan argaman bifa gumeetiin ol-kaawwachuun; sanaanis mariifi dalagaa gumaacha ogummaa kan bifa ammayyaa qabu uumuufi xiinxala hunda-galeessa geggeessuurratti hanga fuuleffannaa jalqabaatiif maluun hin hojjetamne.

### **5.3 Yaboo Qorannichaa fi Akeektuu Faana Egeree**

#### **5.3.1 Yaboo Qorannichaa**

Makmaaksi, amala waa-uumee calaqqee hawaasaa kan qabufi dhalootaaf ergaa jiruufi jireenyaan wal-simataa kan dabarsudha. Akka hawaasa Oromooti yeroo ilaalamu, duudhaan makmaaksaa, afoolaan dhiyaachuurraa gara barreeffama xiinxala gad-fagaataati kan cehaa dhufe waggoota kurnan-lamaan asitti. Maddeen qarruun jiran buleeyyii ta'uufi isaanis haala adda-addaatiin bakka isaanii gad-dhiisan ta'uun yaalii ciminaa karaa bu'e, qaruuxuma ititaan jiru kan makmaaksarraa argatamullee akka hin quucarsine, adamsi baruufi barsissuun Afaan Oromoo ittiin geggeeffamu cimsee hojjechuurra akka jiru kan irra hin cehamne ta'a.

Irra-guddaammoo, makmaaksa gama ilaallatuun, waa sadiirratti xiyyeeffachuun barbaachisaa ta'a. Isaanis, dursanii makmaaksa matuma isaa barsissuu; irraa-cehees, makmaaksarraa barsiisuufi haala ol-aanaarratti makmaaksaan barsiisuudha. Kanarratti, Muummeeleen Barnoota Afaan Oromoo Yunivarsiitiwwan keessa jiran, golee xiinxalaa uummatanii, barattoota karaa

sadii hojjechiisuun barbaachisaa ta'a. Karawwan kunniinis, maalummaa, eenyummaafi bu'aa; ergaawwan bifa-bifaafi, xiinxala dagaaginaarratti yoo xiyyeeffatan ni deemsisa.

Kana faanas, waan garaa fi waan karaa addaan baasanii hojjechuun dirqama. Waan garaa, gorduubeedha. Ittiin manaa-ba'u. Waan karaa ammo galaadha. Namni karaa adeemu, of-herreege nyaata galaaf ta'u baadhata. Namni ogummaa xiinxalus, egeree ilaallatee waa hubata; hubachuuf ni qorata; akaataa jiruuf toltuun waa ol-kaawwata. Kanatu, mul'at-qabeessa nama taasisa. “Herregaa nyaatanii, hedaa galaafatu,” jedha Oromoon.

### 5.3.2 Akeektuu Faana Qu'annoo fi Qorannoo Egeree (Implication for further research)

Qu'annoon xiinxala haal-barachuu makmaakkaa fuuleffate kun, waa sadii faana buuseera: Makmaaksa barachuu; irraa barachuufi ittiin barachuu. Ta'us, waa hunda hammatee aagaan gale jechuun hin danda'amu. Yoo haa eeramuuf ta'e, ijoowwan hedduun xiinxala wal-fakkaataa barbaadan hafanii jiru. Isaanis akka armaan-gadiitti taa'an:

- Afoola Oromoofi Gargaarama Teknoolojii Barnootaa ;
- Dhiibbaa Afoolli Oromoo Jijjiiramaafi Qarooma Hawaasaarratti Qabu;
- Wal-haasisa Dagaaginaafi Ergaa Qaruuxuma Oromoofi Saboota Afriikaa Biroo;
- Walitti-Hiddama Afoolaafi Eenyummaa Oromoo, kkf.

### Wabiilee

Akiri, A.A. & Ugborugbo, N.M. (2017). *Teachers' effectiveness and student academic performances in public secondary schools in Delta State, Nigeria*. Retrieved from: <http://www.tandfonline.com>.

Assafa Jaleta. (1996). *The struggle for knowledge: The case of emergent Oromo studies*. Retrieved from: <http://www.trace.tennessee.edu>.

Brish, Hezi. (2012). Proverbs in the Arabic Language Classrooms. *International Journal of Humanities and Social Science*. Vol. 3, No.5., pp.19-29.

Cervero, VCV. (2016). *Innovative Approach to Teach the Distinction between Proverbs and Idioms*. Retrieved from: <https://vinculando.org>.

Dejene Gemechu. (2014). *Oral text in cultural and natural context: Riddles among the Waliso Liben Oromo*. Retrieved from: <http://www.ju.edu.et>.

- Dereje Hinew. (2012). *Historical Significance of of Odaa*. Retrieved from: <http://www.starjournal.org>.
- Duferesene, Robert J., Gerace, W.J. & Leonard, W.J. (1996). Class Talk: A Classroom Communications System For Active Learning, *Journal of Computing in Higher Education*, Vol.7, pp. 3-47.
- Elliott, Anne. (2010). *Life Lessons from Proverbs*. Retrieved from: <http://anneelliott.com/downloads/proverbs.pdf>.
- Finnegan, Ruth. (2012). *Oral Literature in Africa*. World Oral Literature Series. Retrieved from: <http://www.openbookpublishers.com>.
- Ganyi, F.M. (2016). *The Liberating Potential of Oral Literature in a Globalized Context*. International Journal of Publication and Social Studies. <https://www.researchgate.net/publication>
- Jeylan Aman G. (2013). *Challenges of Mother-Tongue Education in Primary Schools: The Case of Afan Oromo in East Harerge Zone*. Retrieved from: <http://www.uir.ac.a>.
- Jeylan Woliye. (2006). *A Critical Review of the Political and Stereotypical Portrayals of the Oromo in Ethiopian Historiography*. *Nordic Journal of African Studies*, 15(3), pp. 256-276. Retrieved from : <http://www.njus.helsinki.fi>.
- Jeylan Woliye. (2005). African Study Monographs: The Function of African Oral Arts: The Arsi Oromo Oral Arts in Focus. Vol. 26, no.1, pp.15-58.
- Jones, Ch. A. (2005). *Assessment for Learning*. Retrieved from: <http://www.dera.ioe.ac.uk>.
- Kim, G. W., et. al. (2017). *Enhancing Ecoliteracy through Traditional Ecological Knowledge in Proverbs*. Retrieved from: <http://www.mdpi.com/journal/sustainability>.
- Mac Coinnigh, M. (2015). Structural Aspects of Proverbs. In H. Hrisztova-Gotthardt & M. Aleksa Varga (Eds.), *Introduction to Paremiology: A Comprehensive Guide to Proverb Studies* (pp. 112-132). Berlin: de Gruyter.
- Mebratu Belete . (2016). *Mother-Tongue as a Medium of Instruction: Benefits and Challenges*. International Journal of Innovative Language, literature and Arts Studies, 4(1), pp. 16-26. Retrieved from: <http://www.seahipaj.org>.

Metzler, Johannes & Woessmann, L.(2010). *The Impact of Teacher Subject Knowledge on Student Achievement: Evidence from within-teacher with-in student motivation*. Retrieved from: <http://ftp.iza.org/dp4999.pdf>.

Mierder, W. (2014). *Behold proverbs of a people: Proverbial wisdom in culture, literature, and politics*. Retrieved from : <https://muse.jhu.edu/book/3598>.

Piskac, Davor. (2007). *The Aesthetic Function in Oral Literature*. Retrieved from: : www.Nar.unijet. 44/1, 93-114.

Stewart, Anne. (2010). *Teaching wisdom: Proverbs and the Classroom*. Retrieved from: <http://www.sbl-site.org>.

Sumner, Claude. (2007). *The Proverb and Oral Society*. Retrieved from: <http://www.tandfonline.com>.

Swartz, John D. (2010). *Measurement and Evaluation in Psychology and Education*. Retrieved from: <http://www.tandfonline.com>.

Syzdykov, Kanat. (2014). *Contrastive Studies on Proverbs*. Retrieved from: <https://www.sciencedirect.com>.

Tadesse Jaleta. (2013). *Children and Oral Tradition among Guji Oromo in Southern Ethiopia*. Retrieved from: <https://brage.bibsys.no/xmlui/handle>.

Tuwe, K. (2010). *The African Oral Tradition Paradigm of Story Telling as a Methodological Framework: Employment experiences for African Communities in New Zealand*. Retrieved from: <http://www.ecald.com>.

Zaib, Sabah. (2016). *What are Some Effective Methods of Teaching Literature?* Retrieved from: <http://www.researchgate.net> .

Zaid, Adnan. (2016). *Using Proverbs as A Lead in Acivity in Teaching English as A Forerign Language*. International Jounal on Studies in English Language and Literature. Retirrieved from: <http://www.arcjournals.org>.